

## MAMMAAKSA OROMOO

- Hamma Namaa hin Geessuu Cabsa namaa hin teessu!
- Afaan Hamii Bare Utubaatti hasaasa !
- Namichi Guyyaa Bofa arge halkan Gaaddidduu isaa dheesse!
- Waan Dabruuf maqaa hin dabarre hin fuudhan !
- Hin barihu Seetee Gorduubatti hadde !
- Anatu Caalaan Ciinciraa haaduu afaan buute !
- Gubatee hin beektuu ibiddatti gamti !
- Laftis bahii jette jaartiin faeda irraa kuftee !
- Jaartiin Bara Buttaa Duudde hoo Luboo Jechaa hafti !
- Akka Durii fi Harka xuriitti hin hafan !
- Ani hoo duruu gubattuu dha jette beddeen mana keessa gubatee !
- Keessa namaa hin beektuu keessa qabatee namaa kenniti !
- Sangaan bara qote hedata !
- Waan uffattu hin qabduu aguuggatee haddi !
- Karaan Sobaan dabran galatti nama dhiba!
- Hantuuti haadha jalatti gumbii uraa barti !
- Namni dhukkubsataa manaa qabu du'a gahii namaa hin oolu !
- Hojiin Waaqayyoo fi kolfi saree hin beekamu !
- Haadhaa fi adurree hin dhaanan !
- Warri guddaan adurree wasaasaa baata !
- Adurreen keessi bineensa !
- Maraatuu keessi gamna !
- Waaqayyo beekke bofa miila dhowwate !
- Waan Waaqni qocaaf kaa'e illeettiin hin fudhattu!
- Foon lafa jiru allaattiin muka irraa wal lolti !

- Waraabessii biyya namni isa hin beekne dhaqee itillee naa hafaa jedhe !
  - Manni of – jajjuu karaa dura
  - Bor hin bekneen qoda- bukeen ishee lama!
  - Kan of jaju hin dogoggoru !
  - Haati mimmixaa kanuma kootu guba jetti !
  - Ija jabeessa irraa sirbi hin fokkisu !
  - Duulli amma oduu hin gahu !
  - Iyyaniif dhalcha hin ta’u jedhe korbeessi hoolaa korbeessa re’eeitiin !
  - Mana aanu malee mana aaru bira hin dabran !
  - Ollaa fi Waaqatti gadi bahu !
  - Ollaan bultee beeka akka itti bule abbaatu beeka !
  - Itti qabataaf cidhi ollaa jira !
  - Garbittii lubbuuf fiigdu ollaan qophees dha jedha !
  - Garbittiin gargaarsa argatte majii dhoksiti jedhan!
- 
- Kan kunootii hiin argine kuunnotii hin argu
  - Kan harree hin qabne gaangee tuffata
  - Abbaan daadhii dhugeef ilma afaan hin urgaayu
- 
- Akka ormaattan sirbaan morma nama jallissa
  - Kana ceenaan laging hin jiru jette haatikoo
  - Akka jedhan dhageetee shaniin gufufaan deete
  - Harkaan dhaabanii barbaraan nama gubdi
  - Taakuu dhiiftee dhundhuma deemti
  - Wallaalan bishaan keessatti dheebota!

- Wal jaalateef lafoon wal hin hudeeltu!
- Namin lafarratti wal shaku muka waliin hin koru!
- Morki baduu mannaa mormi cituu woyya
- Akka ija tiyyaa maaltu naaf kajeela jette sareen
- Gaafa maal nyaanna jedhan damma nyaatan
- Hirriibni hiryaa du'aati
- Afaaniin sheekuseen lukaan gara mukaa!
- Afaan lafa taa'u lafee alalcha!
- Horiin deegaa qilee irra dheeda
- Lafa itti hin deebine maqaaf hin badadan
- Bishaan malaan waaddan
- Baraan barruu horan
- Dhugaan hin qallatti malee hin cittu
- Jaarsi du'uu ka'e si hin abaarin daa'imni guddatu si hin jibbin
- Waaqatu nu eega jedhanii balbala banaa hin bulan
- Hin ta'a jennee saganee woma ta'uu dhabne
- Hin taane kiristinnaan Badhaasaa itti deebi'aa kaasaa
- Guddateef dubbii harretti hin fe'an
- Qaallu salphattu nama du'utti waaman
- Garaan badaan waan nyaatan nama himsiisa jedhe abbaan kiyya
- Harkaan dhaabatan lukaan dhiitan!
- Kan arba ajjeese furrii hin baafatuu?
- Waanyoon yoo kufan waan caban nama seeti!
- Namni farda koorse galgala kooraa baata!
- Farda hidhatan machiin tolti!
- Gowwaa sobii qaroo qeensaan qabi!
- Karaan dheeraan lubbuu nama dheeressa!

- Soddaa jiruu sanuu balbala jiruu wal hin lolan!
- Aak jedhan waa tufan mammaakan waa himan.
- Olkaayaniif malee ol ka'aniif hin fuudhan.
- Haati hattuun intala hin amantu.
- Abbaa gabaabaa ijoolleen hiriyyaa seeti.
- Abbaan daadhii dhugeef ilma afaan hin urgaayu.
- Abbaan iyyatu malee ollaan hin birmatu.
- Haadha laalii intala fuudhi.
- Dura na dhungatteef dhirsa naa hin taatu jette intalli
- Hamma namaa hin Geessuu cabsa namaa hin teessu
- Afaan Hamii Bare Utubaatti hasaasa
- Namichi Guyyaa Bofa arge halkan Gaaddidduu isaa dheesse
- Waan Dabruuf maqaa hin dabarre hin fuudhan
- Hin barihu Seetee Gorduubatti hadde
- Anatu Caalaan ciinciraa haaduu afaan buute
- Gubatee hin beektuu ibiddatti gamti
- Jaartiin bara buttaa duudde hoo luboo jechaa hafti
- Akka durii fi harka xuriitti hin hafan
- Ani hoo duruu gubattuudha jette beddeen mana keessa gubatee
- Keessa namaa hin beektuu keessa qabatee namaa kenniti
- Sangaan bara qote hedata
- Waan uffattu hin qabduu aguuggatee haaddi
- Karaan sobaan dabran galatti nama dhiba
- Hantuunni haadha jalatti gumbii uraa barti
- Namni dhukkubsataa manaa qabu du'a gahii namaa hin oolu
- Hojiin waaqayyoo fi kolfi saree hin beekamu
- Haadhaa fi adurree hin dhaanan

- Warri guddaan aduurree wasaasaa baata
- Adurreen keessi bineensa
- Maraatu keessi gamna
- Waaqayyo beekke bofa miila dhowwate
- Waan waaqni qocaaf kaa'e illeettiin hin fudhattu
- Foon lafa jiru allaattiin muka irraa wal lolti
- Waraabessii biyya namni isa hin beekne dhaqee itillee naa hafaa jedhe
- Manni of-jajjuu karaa dura
- Bor hin bekneen qoda-bukoonshee lama
- Kan of jaju hin dogoggoru
- Haati mimmixaa kanuma kootu guba jetti
- Ija-jabeessarraa sirbi hin fokkisu
- Duulli amma oduu hin gahu
- Iyyaniif dhalcha hin ta'u jedhe korbeessi hoolaa korbeessa re'eeitiin
- Iyyan malee hin dhalchani jedhe hoolan korpheessa re'eeitin.
- Mana aanu malee mana aaru bira hin dabran
- Ollaa fi Waaqatti gadi bahu
- Ollaan bultee beeka akka itti bule abbaatu beeka
- Itti qabataaf cidhi ollaa jira
- Garbittii lubbuuf fiigdu ollaan qophe dha jedha
- Garbittiin gargaarsa argatte majii dhoksiti jedhan!
- Jarjaranif Abbaa dura hin dhalatan
- Aartu qotadhu" jedhe namichi saree biddeen dhoowwatee
- "Ajjeechaarra sukkuummaan sodaadha" jette tafkin.
- Of-jajjuun loon lamaa, tikseen kuma lama.
- Nama fardaan barbaadan lafoo argatu
- Silaa dhufa hin ooluu, kajeelaa dura waami

- Dhamaatuun dhama raaftee “weessootu na dide” jetti
- Ijjii fi ijoolleen tika baddi
- "Bagan si arge" jennaan "bagan si hin dhokatiin" jedhe hattuun abbaa manaatiin
- Maraattuu fi sooressi akka argetti haasawa.
- Namni dhama'iif uumame habjuun dhagaa guura.
- Fardaa fi harree okaa itti haamu, ana qacceen dhoqqeetti gadi dhaanu” jedhe qottiyyoon
- "Dhabaaf malee fooniif nu uume" jette sareen.
- Goondaan wal qabatteet laga ceeti
  
- Sangaan biyya ofiitti bookkisu, biyya ormaatti ni mar'ata.
- “Oduuf na qalani” jette lukkuun.
- Cubbuun bishaanii harka buleen nama nyaachisa.
- Kan nyaatee fi kan kaate waa jalaa baha.
- "Maali fardi ni maraatee?" jedhe waraabessi hari'ee dadhabee.
- "Adeemsa abbaatu oftolchaa, fuula Waaqatu nama tolcha" jedhe Jaldeessi.
- Afaan gaariin afaa gaarii caala.
- Hafaasaarra afaansaa
- Namni dhadhaa afaan kaa'an dhagaa afaan nama kaa'a.
- Harreen yeroo alaaktu malee yeroo dhuudhuuftu hinbeektu!
- Bari fallana, takka namaa fodogaa, takka nama fondoga.
- Harka abbaa tokkotin ibidda qabachuun nama hindhibu.
- Kan darbe yaadataniis isa gara fuula dura itti yaaddu
- Dhabaaf malee sombi kan sareeti
- Qaroo dhabeessi "maal barbaadda" jennaan "ifa" jedhe
- Re'een kan tokkoo raafuun kan tokkoo, kis jennee kiisii dabalanne

- Dureessi kennef deegaa hudduun dhukkubdi
- Yoo itti hubatanii ilaalan tafkiin ija qabdi
- Kan haadhatti barte amaatiitti
- Arge jettee hin foksin, dhagahe jettee hin odeessiin
- Sangaan biyya ofiitti bookkisu, biyya ormaatti ni mar'ata
- Kan tokko qabdu hirriiba hin qubdu
- Cubbuun bishaanii harka buleen nama nyaachisa
- Akkuma dur seeteet jaartiin qullaa lafaa kaate
- Sagal ka'uu irra sagal waamuu wayya
- Silaa dhufa hin ooluu kajeelaa dura waami
- Ani badeen waan bade hin galchitu
- Namatti himu malee, namatti hin hidhan
- Namni akka fardaa nyaatu gaafa akka namaa nyaatu du'a
- Okkoteen waaqa hin beekne, eelee bishaan kadhatti
- "Nyaadhee sifixuu dadhabus, haadhee siballeessuu dadhabbaa" jette lukkuun
- Gowwaan gingilchaatti bishaan waraaba
- Dhiiraa jirtu dhiirummaa hin dhuunfatan
- "Dhabaan hin galani" jette haati hattuu
- Ameessi okolee dide okkotee hin didu
- Dullachi waan garaa qabu alba'a
- Iyyitee hin beektuu iyyinaan "Badaa, badaa" jette
- Qalbii malee ijji hin argitu
- Maqaan erbaniif haarawa hin taatu
- Kan sangaan iyyuu male qacceen iyyiti
- Waraabessi guyyaan yuuse beekkachiise
- Dhamaatuun dhama raaftee weessootu na dide jetti
- Suuta deeman suuta qoreen nama waraanti

- Hammaataniis hammaaranis dhuma hin ooltu
- "Numaaf haati hin bane" jedhe gowwaan haadha ajjeese
- Osoo garaan addaan nama hin baasin, karaan addaan nama baasa
- Namni ilkaan miidhagu, hidhii walitti hin qabatu
- Namni bakka ciisu argate bakka itti diriirfatu barbaada
- Re'een baala agarte qeerransa hin argitu
- Harree hin qabnu, waraabessaanis wal hin dhabnu
- Bara gaddaa mataa lafa godhu
- Bara quufaa lukkuutu dhuufa
- Kan nyaateefi kan kaate waa jalaa baha
- Mucaan du'aaf dhalate wareegaan hin guddatu
- Itti himne yoo dhageesee, itti kennine yoo olkeesee
- Waan dhufu hin beekanii saree tana akaayii barsiisaa
- Abbaan cabsaa ofitti hin xiqqeessu
- Abbaan of hin argu; dhakaan of hin darbu
- Billaachi ofiifuu hin qabduu dhagaatti uwwifiti
- "Yaa anaa durii" jette cirrin fardarraa kuftee.
- Ayyaanni haftuu haadha warraa ajjeesa.
- Quufan malee hin utaalani utaaalan malee hin cabani.
- "Godaa mannaa godoo wayya" jette haftuun.
- Tika didaan dhiyaana dida.
- "Akka ganamaa seetee narra hin ejjetiin" jette sokoruun.
- "Moo yaa afaan" jedhe funyaan.
- Manni ija daha malee, gurra hindahu.
- Kadhatanii galanii weeddisaa hindaakan.
- Agabuu si bulchuuf ganamaan si beelessa.
- Bakka loon hin oolle dhoqqee hin argani.



- Cuunfaa baay'isuun dubbii gogsuudha.
- Duubaan dulluma jettee jaartiin tokko ragadde.
- Irreen hin moyan, alagaan hin boonan.
- Eega kooraan dammaqe fardummaa maaltu jira, eega dubbii dadhabee
- gamnummaa maaltu jiraa.
- Jooraa ooltus sareen waan hin jirre hin fuutu.
- Leemman bareeddeef marqaan hin mi'aawu.
- Karaafi dubbii odoo arganuu irraa goran.
- Leenca humnaan roorrisu, qamaleen malaan ajjeefte.
- Lukkuun biyya hin qabdu, bakka bultu hin dhabdu.
- Maraattuufi sooressi akka argetti haasawa.
- Mucaan " nyaanyaa" jedhe osoo hin nyaatiin hin hafu.
- Of-jajjuun loon lamaa, tikseen kuma lama.
- "Osoo wajjiin gallee hoolaa, walii qallee" jette jeedalli sareen.
- Ari'ii biyyaa baasii qabii itti hasaasi.
- Baran barruu koran.
- Bareedina gurraachaafi dubbii gamnaa nama bira gaheetu hubata.
- Abjuun bara beelaa buddeen, buddeen jetti.
- Tafkiin gaafa haxaawan, gowwaan gaafa gorsan itti abaasa.
- Namni namaaf qoricha.
- Marartoon du'a hin oolchu.
- "Aartu qotadhu" jedhe namichi saree biddeen dhoowwatee.
- Adeemsa karaa fagoo calqabni tarkaanfii tokko.
- "Ajjeechaarra sukkuummaan sodaadha" jette tafkin.
- "Ani hin hanbifannee, ati hin qalbifanne" jedhe namichi.
- "Dhabaaf malee fooniif nu uume" jette sareen
- Ijaafii saree namarraa hin deebisan

- Jaalala ishee hin beektuu dhungannaan boossi
- Dhagaheef heerumtee, argeef deesse
- Nama horii hin beekneef, lukkuun luka lamaa horiidha
- Namni dhama'iif uumame abjuun dhagaa guura
- Gowwaan isa darbe malee isa dhufu hin yaadu
- Abshaalli ofii nyaatee, gowwaa afaan diba
- Kan abdatanii mana ishee dhaqan akaayii nama afeerti
- Hin bari'u seetee manatti hagde
- Humna qarqa baasuufi soora ganna baasu abbaatu beeka
- Kan abdatan irra kan argatantu caala
- Barcuma ulfinaa abbaatu of jala baata
- Jabbiin hootu hin mar'attu
- Waraabessi biyya ofii nama haanyaatuu.
- Kan citaa hinqabneef kan citu baasti.
- Ijibbaata beelaa eelee sagal dhaabu.
- Hiyyeessa irraa liqeffachuu mannaa sooreessa kadhachuu wayya.
- Nuugiin tumanii nyaatan, humna baattera hin jirtu.
- Nagaroon qoree baala bakkanniisaa, harsaamessatti saadiru.
- Maraattuun keessi fayyaadha.
- Citaa malee mana hin kabatan.
- Arbi lama yoo wallole kan miidhamu sambaleeta.
- Abbeen nyaataa buleef qabateen jala hinbulu.
- Alagaa ilkaan malee garaa isaa hinargani.
- Qunnii buqqisaniit, abaabilleetti darbu.
- Raafuun hanga okkoteen qabatu affeelan.
- Tafkiin utaaltus laga hin ceetu.
- Tokko namaatu nama dida, kan lammata abbaatu of dida.

- Suuraan gaariin abbaa fakkaata.
- “Takkuman kufee, suutan ka’a” jette jaartiin
- Qunxur mana fixxee cimmiif mana gattii, jedhan.
- Muka koruun nama hin dhibu, bu’utu nama dhiba.
- Surree namaa ergisani irra hin taa’inii hin jedhani
- Ibiddi garaa foon hin waadu.
- Dubartiin fira hin qabne mana masaannutti baqatti.
- Hiriya malee dhaqqee gaggessaa male galte.
- Hiyyeessi har’aa quufeen bulaatti duutee bulti.
- Boolli guyyaa argan halkan nama hin nyaatu.
- Hudduu abbaan dagate tusseen sagal ciniinti.
- Kan qalbii fi jaalalli ajjeese hin fayyu.
- Adeemsa abbaatu oftolchaa fuula waaqatu nama tolcha jedhe jaldeessi.
- Alagaan gaafa kolfaa firri gaafa golfaa.
- Malaaf malli jira mucaaf harmi jira.
- Adurreen riphatee hantuuta argachuu hin ooltu.
- Kan gabaan dhaga’e gowwaan galee niitii dhokse.
- Galgala maal nyaanne jennaan rafnee bulle jedhe jedhan.
- Akka haroon hin guunne akka raachi hin duune jedhan.
- Tikseen taakkuutti dhiistee dhumdhumatti kaati.
- Kan si tumetu na qoree.
- Namni gaafa hiyyolee qurri isaa duude osoo hiyyolee jeduu hafa.
- Warra afaan walii beekuu, harreetu balbala cufa.
- Kan sireen nama hin dadhabiin tafkiin nama dadhabdi .
- Yoo dheeraan tarkaanfii malu, gabaabaan hulluqaa malata.
- Maqaan baatu fi karaan baatee hin deebitu.
- Saree adeemtuu dill’uu goromsaatu darba.

- Mi'a wal fakkaatu walbiratti fannisu.
- Hantuunni farroofte qara eeboo arraabdi.
- Lubbuun abbaan gate lama hin bultu.
- Harki tokko ni dhiqa malee,hin qulqulleessu.
- Maal baasuuf dhama raasu.
- Wacitii abbaan cabsee kaa'e, kan dhiqee kaa'e itti kakata.
- Raafuu fixee rafuu dide.
- Keessa keessa adurreen bineensa.
- Osoo horiin hin galin hattuun mooraa guutte.
- Fuulli fi nyaanni dhoksa hinqabu.
- Ilmoo bineensaa foontu gara bosonaa heda.
- Kan akka walii loon walitti yaafatti.
- Kan ilkaan ofii dhalchu, kormi hin dhalchu.
- Wanta odeessanii fi wanta bobeesan hin dhaban.
- Dhabaaf malee cirriin cooma kajeelti.
- Garaa laafinatti, alaltuun bishaaniin nyaatamte.
- Roobiin garbaa baatee, fiixeensa arraabdi.
- Salphoo soqolatte, soqolaa gargaaru
- Salphinni abbaa lafaa bara midhaan bade.
- Galaanni bakka bultii hin qabne, gudeelcha guuree deema.
- Qarri qara hin muru.
- Tafkiin lafatti walnyaatti, namarratti wal baatti.
- Kan mana qabu mala hin dhabu.
- Firri wallola malee gaafa rakkoo wal irratti hin ilaalu.
- Bishaan darbe hin waraaban.
- Daakaniif hin marqan, dharra'aniif hin argatan.
- Madaan qubaa abbaa guba.

- Sanyiin waan facaasan magarti.
- Ofii nyaatan ormaa laatan.
- Gaddeemtuun namaa harree ribbii hormaata fuuti.
- Beekte beekte jennaan niitiin qeesii kitaaba miiccite
- Waan qabaniin gabaa bahu.
- Maanguddoo fi eeboo dura hin dhaabbatan.
- Na argaa na argaan na dhoksa fida.
- Haatii fi gabaan waan namaa kennitu hin beekan.
- Jaartii soba raftu, qaqawweessi hin dammaqsu.
- Kan dulloome jaarsa, kan du'u dargaggeessa.
- Gurri dabarsaan ollaa walitti naqa.
- "Yaa saree ciidhni akkami" jennaan "isa quufe hin kadhatu, isa beela'e immoo ni dhowwatu" jette.
- Duuni biyya wajjinii, hirriiba jette jaartiin.
- Ifaan sooratan dukkana daakkatu.
- Waan gaarii seetee mimmixa dhuka ykn bobaa jala kaawwatte.
- Jarjaraan re'ee hin horu.
- Gowwaa al tokko arrabsi, innuu lammata of arrabsa.
- Ijoolleen nyaataaf waaman ergaa seetee diddi.
- Kan mootu dhaani jennaan dhirsii galee niitii dhaane.
- Sinbira lubbuuf kaattu ijoolleen tapha seeti.
- Kan waraane ni dagata; kan waraaname ni yaadata.
- Keessummaan keessa namaa hin beekne gaaffii dheeressiti.
- Lama na hin suufan jette jaartiin qallubbii hattee.
- Humnaan nyaataniif, humna hin ta'u.
- Muka jigetti qottootu baay'ata.
- Arrabakoo yaa laxisaa, situ faallee na hanqisa.
- Of hubde yaa dhakaraa kan harkaan mukatti of buufte.

- Osoo hin hubatiin harka hin gubatiin.
- Irra turuun farda uruudha.
- Takkaa diimanne jette nuugiin.
- Namni namatti jennaan, erbeen saawwanitti jette.
- Bakka arfaasaa dhaabbatan, birraa dhaabbatu.
- Kan barri namatti fide, hiriyaan namatti qoosti.
- Kan bonni ajjeese, ganni maqaa fuudha.
- Harkaan kennanii, miilaan barbaada deemu.
- Barri ni darba, taajjabni ni tura.
- Kan humna qabu reebbe(dhaanetu) booyicha nama dhowwa.
- Kan qunnaan galata hin ta'iin daa'ullaan galata hin ta'u.
- Aadaa fi aduu ni dhokatan malee hin badani.
- Bishaan yoo nama nyaatu nama kofalchiseeti.
- Caama ganamaa kan beekuutu ho'ifata.
- Dololloon nama hin fudhatuu laga guddaa nama geessi.
- Biyyaa bahaan malee biyya hin yaadan.
- Dhalee lakkaawu dhadhabee jettee kurupheen tokko dhaltee.
- Dheeratteef leemmanni gudelchaa hin taatuu.
- Holqaa seenani dukkana hin sodaatan.
- Hora bu'anii dhoqqee hin lagatan
- Of jajjuu hantuutaa eegeen lafa hin gahuu.
- Hamii fi eegeen abbaa duubaa oolti.
- Deemaa oltu barattu malee barumsaa hin argattu.
- Gabaabbatu iyyuu abbuma warraatu diinqa taa'a.
- Ibiida rafe huubni achuu kajeela.
- Kan garaa malee kan maqaa yoom na dhibbe jedhe waraabessi.
- Buddenni nama quubsu eeleeerratti beekama.

- Re'een kan ofii hin beektu sareedhan eegee gad qabadhu jetti.
- Waraabessa darbee sareen dutte.
- Osoo hin hubatin hin dubbattin.
- Harree ganama bade galgala kurkuriin hin argu
- Roobuus caamus ijii misiraa lama.
- Bakka oolan irraa bakka bulantu caala.
- Akka qottiyyoon gooba jettee raachi dhootee duute
- Hiriyyaan garaa walii hin beekne guyyaa hunda kakuudha.
- Abjuu sodaatanif hirriiba hin dhiisani.
- Kan garaan yaade miilii ganamfata.
- Miximixaa harkaan dhaabani gubaa himatu.
- Namni yaraan imaanaa gatee lafti yaraan sanyii nyaattee.
- Olkaa'an malee ol ka'anii hin fuudhani.
- Harreen hidhaa kutte jennaan ofittuu gabaabsite jedhe.
- Quncean wal gargaartee arba hiiti.
- Adurreen kan bakka loon oolan hin beekne galgala aannan dhugdi.
- Midhaan warra gowwaa bonaa ganna nyaatu.
- Abbatu of mara jedhe boofni.
- Abbaan mana jiraa gurri ala jira.
- Adda nyaataniif hin gabbatani.
- Ijji gamnaa dura boossi.
- Tanaa warri rafnaan jette sareen.
- Harree hin qabdu farda namaa tuffatti.
- Jiruu fi soddaa hin tuffatani.
- Ijji badduus bakki ijaa hin baddu
- Harki hanna bare dooluuttuu socho'a.
- Dubbii barbaada sareen gabaa baati.

- Gorsa diddu du'a hin diddu.
  - Muka beekan qoricha hin se' an.
  - Heexoo galataaf oso hin taane qorichaaf dhugan.
  - Ilmii fi biqilli guyyaa malee hin dhalatu.
  - Kan dhaabbattee si hin agarre, teessee si hin argani.
  - Abbaan loonii dhoqqee hin xireeffatu.
  - Tiruun bulte lafee taati.
  - Cubbuu sodaachuun booruuf.
  - Dallaan abbaa kudhanii yeroon hin cufamtu.
  - Daangaan jaalalaa afaanii baasanii walii laachuudha.
  - Deeganiif hin du'an.
  - Deegarra ulfaatti jedhee namtichi ashaboo mataatti baate.
- 
- Duutiifi dullumni hin hafan.
  - Eeboo darbatani jinfuu hin qabatani.
  - Fardi biraan nama gaha malee hin waraanu.
  - Fiigee fiigee kormi sangaa ta'a.
  - Fooliin gaariin kannisa harkisa.
  - Foon lafa jiru allaattii lafa irratti wallolti.
  - Abbaanuu hin gallee, fardaaf booyyanni.
  - Adda baane jedhe namtichi furrii fudhatee.
  - Lagaatu walitti yaa'a malee garaan walittii hin yaa'u.
  - Gadheen niitii, dhiirsa hamatti.
  - Yoon ani du'e araddaan hin margin jette harreen.
  - Ofiifu duutii maaf of huuti.
  - Foontu fooniif rifata.
  - Naatu beekaan beekkumsa hin taatu.



- Akka kufanii hin cabani.
- Bittaa wallaalanii gabaa komatu.
- Fardi badaan farda balleessa.
- Harmaatu lama malee aannan tokkichuma.
- Badiin saree gaafa duute.
- Guddatee guddatus gurri mataa hin dabartu.
- Akka beekan bulan
- Lukuun abbaanis qabu, bineensis qabu iyya hin dhiistu
- Tunis dhukkuba taateef tessuma nama dhowitii jedhe namichi dhullaan qabde
- Yoo akka nyaattu homaa hin taatu yoo akka aadduu barana him baatu
- Saroonni walnyaatti kan ishii nyaatu hin argan
- Namni Jireenya isaati fakkaata
- Hamma fedhe guddatan, gosa ofii hindarban
- Nama guddisuun of guddisuudha; nama xiqqeessuun of xiqqeessuudha
- Jaarsi du'aa adeemu si hin abaariin, bishaan gu'a gahe si hin nyaatiin
- Kabaja balbalaaf hindaaqqoon gadi jette
- Mana balbala malee hin seenan, utubaa bakka malee hin dhaaban
- Muka jalaa ol Koran malee, gubbaa gadi hin koran
- Waraabessi waa nyaatu tokkuma kan maqaan badu hunduma
- Aannan banaa dhiisanii hattuu namaan jedhan jette adurreen
- Bakka sareen jirutti, namatu dhuufee hin gaafatan
- Kijibni nama oolcha malee, nama hin bulchu
- Karaan sobaan darban, gala nama dhiba
- Foon naaf kenneet, albee na dhorkate

- Adurreen garaa muratte, leencaan qixa nama sodaachifti
- Garaa murtii murate, bishaan raafuutu gabbisa
- Garaan murtii hin qabne, diina abbaati
- Namni namumaa, ija nyaadhu” jette allaattiin
- Gara jabeessa heexoon hin albaasu
- Qeerransa eegee hin qaban, qaban gadi hin dhisan
- Ijji dhugaan boosse, imimmaan hin dhabdu
- Mari’ataan gowwaa hin qabu
- Maraatanii biyya hin bulchaan, mari’atanii malee
- Maqaa ni bitan malee, hin gurguran
- Maqaa hanaa, abbaatu ofirraa eega
- Hirriibni baay’een duumessa hiyyummaati
- Bishaan lagaa dhume jennaan boosettiin ilil jette
- Qoree dur dirteef hiyyessi okkola
- Adaamiin olla agamsaa, imimmaan hin qoorfattu
- “Sangaa ofiinu alba’u eegee qabdee raafaa?” jedhe manguddoon oromoo
- Dubbiin rabbi suuta
- Namni kadhachuu hin dhiisu, rabbi waan murtee hin dihiisu
- Bakka rabbi itti nama hidhe, funyoo malee ijaajju
- Manni waaqni ijaare hin jigu
- Bagan kufe, bagaan ka’e, kan naqabuu fi kan na dhaabu addaan baafadhe jedhe namtichi
- Kan offii buletu nama bulcha
- Dheebotan malee, mi’aa bishaani hin beekan
- Gubatee hin agarree, abiddatti gamti
- Boora’u malee hin taliilu
- Oduun soora (nyaata) gurraati

- Waan biyyaa bilbilli iyya
- Quuqaa cinaacha jalaa abbaatu beeka
- Namni mataa isaatii hin tolle, namaaf hin tolu
- Bakka hin rafnetti hin muugan
- Namni ija takkaa biyyeen hin taphatu
- Garaa nagaa qabu sukkuumuun, dhukkuba itti fiduudha
- Ejersa halaalaarra qobboo qe'ee wayya
- Obsaan aannan goromsaa dhuga
- Fira dura bahan malee, fafa duraa hin bahan
- Bara bofti nama nyaate lootuun nama kajeelti
- Bareedde jedhanii obboletti hin fuudhani
- Ija laaftuun dubaraa obbolessa irraa ulfoofti
- Malannee bolla lama qotanne jette hantuunni
- Wallaalaan bishaan keessa dhaabatee dheebota
- "Yoo waraabessarara hafte keenya" jette sareen, harreedhan
- Yaadni hamaan nama huqqisa
- Fuula ilaali na elmadhu jette harkuun
- Kan leenci naasise hindaaqoo baqata
- Afaan qabachuun hunda to'achu
- Obbolessi kan walin dhalatan qofa miti
- Hunda dubbatan garaan duwwaa hafa
- Eelan eelee dhaabbatan
- Afaan gaarin afaa gaari caala
- Kan ilkaan hin qabne akaawwii hawwatti
- Firri dhufe jadhanii dhabaa hin dhalanii
- Gowwaan bakka rafe hunda mana se'a
- Waan warri waarii jedhu ijoolleen waaree jetti

- Nyaataa fi lola abbaatu tolfata
- Ilmoon huntuutaa gumbii uraa haadha jalatti barti
- Sossobbiin madaa hin foyyessu
- Harree fi gadadoon nama irraa hin gortu
- Nama jechi hin madessine waraanniyyuu hin madessu
- Namaan garaan ga'atti garaan lafa nama ga'a
- Dubbiin baay'atetti harretti hin fe'ani
- Harka abbaa biraan ibidda qabun nama hin dhibu
- Waaqni duumessaa'e roobuu hin oolu
- Kan qaban qaba hin guunne gadhiisan bakkee guutti
- Kan dhiqantu nama dhiqa jatte wacitiin
- Namni mana tokko ijaaru citaa wal hinsaamu
- Mana waraaabessaatti foon liqii hin dhaqan
- Ariifataan hori gata
- Hindaaqqoon haate haatee halbee ittin qalamtu baasti
- Namni akkaataa fardaa beeku ulee fardaa hin bobessu
- Abbaa dhokseetu akaakayyuu himata
- Yoo baay'ate dammis ni hadhaawa
- Warra walnyaatu jidduudhaa waa nyaatu
- Harki waaqni namaan qabe xurii hin qabu
- Ukkaamamee raafamnaa aannanu qabee cabsa
- Tuulamani taa'anii waaqa ofii hin komatan
- Sirbaaf dhufanii morma hin qusatan
- Ofii jettu mi'aa'i yoo kaan dhagaa jadhanii sigatu jedhe soogiddaan
- "Iyyan malee hin dhalchani?" Jedhe kormaan hoolaa korbessa re'en
- Alagaa fi dukkanatti ija hin baasan

- Sanyiin buqqee miiciraantu hadhaa'a
- Yaa cubbuu "essa dhaqxa" jannaan "bakka itti na ergan" jatte
- Sa'aa eegee hin qabne cirriin hin sodaattu
- Bobbaa yoo tolan gala tolan
- Du'arraan baqadhatti mana du'aa seente
- Karkin ofii madaa'ullee, muranii hin darban
- Mana oormaa bareedaarra, godoo ofii wayya
- Hoolaan abbaa gaarii qabu, dubboo ala bulcha
- Jibichi essatti eeganii jabbii kessa oola
- Hagam ol fagaattus allaattii reeffi lafa
- Bara humna qaban sagaliin lolu, bara humna hin qabne sagalee tolu
- Yoo rakkatan fala barbaadan
- Bakakkaan akkanaanu natti gamu muka jala na geessite
- Osoo akka yaada namaa tulluun diriiraa ta'a
- Adala gowwoomsuun suuta suutan
- Addaatef ilkaan alanfachuu hin dhiisu
- Ablee qara lamaa beekaatu itti fayyadama
- Bakkuma dhaqqabani kan hoqqatan
- Bakka itti citanitti citaa haammatan
- Kan akka fardaa nyaatu gaafa waan nyaatu dhabe du'a.
- Soogidda ofii jettu mi'aayi anaa jettu dhagaa tahi.
- Kormi biyya ofiitti baroodu biyya ormaatti ni mar'ata.
- Qeerrensa eegee hinqaban qaban gad hin dhiisan.
- Muka biyya jiruun mana ijaaran.
- Haatee durbaa jennaan dur kaa jedhe mucaan.
- Ka biraa yoo dhahan kan hin beekkanne isaa yoo dhahan hin beekkatu.

- Galle jette lafoon farda jala galtee.
- Hadaamii ollaa hagamsaa imimmaan irraa hinqooru.
- Baddu baddi malee saree ija hin dhiqan.
- Warruma keennaa harreen hin taane jedhe namichi booyyee ari'ee.
- Iilkaan mutaan seene budaan seene.
- Moluu tiyya boruufuu si'abdadhe" jedhe jaarsi aduun mataa dhoofta.
- Garaa ofiituu wollaalaaf heexoo itti dhugani.
- Suuta ejjatan suuta qoreen nama woraanti.
- Bor ni agarta jennaan edana akkamitti bulee jedhe ballaan.
- Dhukkubni na ajjeesuu hin jirre hamaaf tolaa addaan naaf baase.
- Cabaan baqaqatti irkate.
- Ija jirtu qorsa buusani.
- Ka qotiyyoon iyyuu male qacceen iyyiti.
- Ni ta'a jennaan harree qallee hin ta'u jennaan harree gannee isumaa fidaa jennaan dhaqnee dhabne.
- Ollaa fi dugdaan ka'an.
- Gonfoon calqaba baddeet dhoofnan kutaa hanqatte.
- Gogaa naaf hafa jedhe waraabessi biyya isa hinbeekne dhaqee.
- Hriyaan garaa walii hin beekne malkaa ceetu maratti walkaksiifti.
- Hiriyaan garaa firaa gadheetuu garaa hiraa.
- Boriif boorri jiraa.
- Garbittiin gargaarsa argatte majii dhoksittii.
- Hamman sii massakkare beetaa jennaan, hamman si tajjabee beetaa itti jedhe jedhu.
- Bitaan yaabanis mirgaan yaabanis waligeenyi kooradhumaa.
- Sabab jette ballaan farda yaabdee.

- Ijoolleen gajee torbaa anatu keessaa korma jedhee geerare namichii jedhama.
- Yaawaaq siifan ka'a, achumaanan gaayyaa koo fudhadha jette jaartiin
- Niitiin afaan kaa'a barte, kabaluuf jennaan afaan bante.
- Sanyii ibiddaa daaratuu nama guba.
- Dubbiin mammaaksa hin qabnee mannaa ittoo sogidda hin qabne wayya.
- Miila lama qabaataniif muka lama hin koran.
- Qottoon maal nu godhe, kan nu miidhe muka keenya isa jallate jedhe mukni jigan jedhan.
- Yoo hundumasaa dubbatan garaan duwwaatti hafa jedhan.
- Yaa marqaa si afuufuun si liqimsuuf jedhe.
- Odoo beeknuu hubaa wajjin nyaanna jette sareen jedhan.
- Mana eegaan bara eega jette sareen jedhan.
- Akka garaakoo jette sareen nama gararraan bishaan dhugdii jedhan.
- Biddeen nama quubsu eelee irratti beekuu jedhan.
- Akka abaluun sirbaan morma nama jallisa jedhan.
- Lafa rukutani maggaanyaa ofiin qixxeessu jedhan.
- "Kopheen muka yaabdee seexanatu na kuffise jettaa" jette seexanni jedhan.
- "Maqaan baduu mannaa, mataa baduu wayya" jette gondaan ciniintee haftee.
- Ulfeessaniit ulfaatu jettet haati ilmaaf farda qabde.
- Firaan boonu malee firatti hin boonan.
- Harreen ofiifuu hingaltuu loon galchitiiree?

- Midhaan dura facaasan sinbirri nyaattet nama dura dubbate namni komata.
- Ol kaayan malee olka'aniif hin fuudhan.
- Boru hinbeeknen qodaan bukoo ishee lama.
- Argaa toleef goromsi hin ottoomu.
- Sareen namaan buluuf udaan namaa nyaati.
- Kan kunootii hiin argine kuunnotii hin argu.
- Kan harree hin qabne gaangee tuffata.
- Abbaan daadhii dhugeef ilma afaan hin urgaayu.
- Akka ormaattan sirbaan morma nama jallissa.
- Kana ceenaan lagin hin jiru jette haatikoo.
- Akka jedhan dhageetee shaniin gufufaan deete.
- Harkaan dhaabani barbareen nama gubdi.
- Taakuu dhiiftee dhundhuma deemti.
- Wallaalan bishaan keessatti dheebota.
- Wal jaalateef lafoon wal hin hudeeltu.
- Namin lafarratti wal shaku muka waliin hin koru.
- Morki baduu mannaa mormi cituu woyya.
- Akka ija tiyyaa maaltu naaf kajeela jette sareen.
- Gaafa maal nyaanna jedhan damma nyaatan.
- Hirriibni hiryaa du'aati.
- Afaaniin sheekuseen lukaan gara mukaa.
- Afaan lafa taa'u lafee alalcha.
- Horiin deegaa qilee irra dheeda.
- Lafa itti hin deebine maqaaf hin badadan.
- Bishaan malaan waaddan.
- Baraan barruu horan.



- Dhugaan hin qallatti malee hin cittu.
- Jaarsi du'uu ka'e si hin abaarin daa'imni guddatu si hin jibbin.
- Waaqatu nu eega jedhanii balbala banaa hin bulan.
- Hin ta'a jennee saganee woma ta'uu dhabne.
- Hin taane kiristinnaan Badhaasaa itti deebi'aa kaasaa.
- Guddateef dubbii harretti hin fe'an.
- Qaallu salphattu nama du'utti waaman.
- Garaan badaan waan nyaatan nama himsiisa jedhe abbaan kiyya.
- Harkaan dhaabatan lukaan dhiitan.
- Kan arba ajjeese furrii hin baafatuu?
- Waanyoon yoo kufan waan caban nama seeti.
- Namni farda koorse galgala kooraa baata.
- Farda hidhatan machiin tolti.
- Gowwaa sobii qaroo qeensaan qabi.
- Karaan dheeraan lubbuu nama dheeressa.
- Soddaa jiruu sanuu balbala jiruu wal hin lolan.
- Aak jedhan waa tufan mammaakan waa himan.
- Olkaayaniif malee ol ka'aniif hin fuudhan.
- Haati hattuun intala hin amantu.
- Abbaa gabaabaa ijoolleen hiriyyaa seeti.
- Abbaan daadhii dhugeef ilma afaan hin urgaayu.
- Abbaan iyyatu malee ollaan hin birmatu.
- Haadha laalii intala fuudhi.
- Dura na dhungatteef dhirsa naa hin taatu jette intalli.
- Hamma namaa hin Geessuu cabsa namaa hin teessu.
- Afaan Hamii Bare Utubaatti hasaasa.
- Namichi Guyyaa Bofa arge halkan Gaaddidduu isaa dheesse.

- Waan Dabruuf maqaa hin dabarre hin fuudhan.
- Hin barihu Seetee Gorduubatti hadde.
- Anatu Caalaan ciinciraa haaduu afaan buute.
- Gubatee hin beektuu ibiddatti gamti.
- Jaartiin bara buttaa duudde hoo luboo jechaa hafti.
- Akka durii fi harka xuriitti hin hafan.
- Ani hoo duruu gubattuudha jette beddeen mana keessa gubatee.
- Keessa namaa hin beektuu keessa qabatee namaa kenniti.
- Sangaan bara qote hedata.
- Waan uffattu hin qabduu aguuggatee haaddi.
- Karaan sobaan dabran galatti nama dhiba.
- Hantuunni haadha jalatti gumbii uraa barti.
- Namni dhukkubsataa manaa qabu du'a gahii namaa hin oolu.
- Hojiin waaqayyoo fi kolfi saree hin beekamu.
- Haadhaa fi adurree hin dhaanan.
- Warri guddaan adurree wasaasaa baata.
- Adurreen keessi bineensa.
- Maraatuu keessi gamna.
- Waaqayyo beekke bofa miila dhowwate.
- Waan waaqni qocaaf kaa'e illeettiin hin fudhattu.
- Foon lafa jiru allaattiin muka irraa wal lolti.
- Waraabessii biyya namni isa hin beekne dhaqee itillee naa hafaaf jedhe.
- Manni of-jajjuu karaa dura.
- Bor hin bekneen qoda-bukoonshee lama.
- Kan of jaju hin dogoggoru.
- Haati mimmixaa kanuma kootu guba jetti.

- Ija-jabeessarraa sirbi hin fokkisu.
- Duulli amma oduu hin gahu.
- Iyyaniif dhalcha hin ta’u jedhe korbeessi hoolaa korbeessa re’ettiin.
- Iyyan malee hin dhalchaniif jedhe hoolan korpheessa re’ettiin.
- Mana aanu malee mana aaru bira hin dabran.
- Ollaa fi Waaqatti gadi bahu.
- Ollaan bultee beeka akka itti bule abbaatu beeka.
- Itti qabataaf cidhi ollaa jira.
- Garbittii lubbuuf fiigdu ollaan qopheesse dha jedha.
- Garbittiin gargaarsa argatte majii dhoksiti jedhan.
- Jarjaranif Abbaa dura hin dhalatan.
- Aartu qotadhu” jedhe namichi saree biddeen dhoowwatee.
- "Ajjeechaarra sukkuummaan sodaadha" jette tafkin.
- Of-jajjuun loon lamaa, tikseen kuma lama.
- Nama fardaan barbaadan lafoo argatu.
- Silaa dhufa hin ooluu, kajeelaa dura waami.
- Dhamaatuun dhama raaftee “weessootu na dide” jetti.
- Ijjii fi ijoolleen tika baddi.
- "Bagan si arge" jennaan "bagan si hin dhokatiin" jedhe hattuun abbaa manaatiin.
- Maraattuu fi soressi akka argetti haasawa.
- Namni dhama’iif uumame habjuun dhagaa guura.
- Fardaa fi harree okaa itti haamu, ana qacceen dhoqqeetti gadi dhaanu” jedhe qottiyyoon
- "Dhabaaf malee fooniif nu uume" jette sareen.
- Goondaan wal qabatteet laga ceeti.

- Sangaan biyya ofiitti bookkisu, biyya ormaatti ni mar'ata.
- "Oduuf na qalani" jette lukkuun.
- Cubbuun bishaanii harka buleen nama nyaachisa.
- Kan nyaatee fi kan kaate waa jalaa baha.
- "Maali fardi ni maraatee?" jedhe waraabessi hari'ee dadhabee.
- "Adeemsa abbaatu oftolchaa, fuula Waaqatu nama tolcha" jedhe Jaldeessi.
- Afaan gaariin afaa gaarii caala.
- Hafaasaarra afaansaa.
- Namni dhadhaa afaan kaa'an dhagaa afaan nama kaa'a.
- Harreen yeroo alaaktu malee yeroo dhuudhuuftu hinbeektu.
- Bari fallana, takka namaa fodogaa, takka nama fondoga.
- Harka abbaa tokkotin ibidda qabachuun nama hindhibu.
- Kan darbe yaadataniis isa gara fuula dura itti yaaddu.
- Dhabaaf malee sombi kan sareeti.
- Qaroo dhabeessi "maal barbaadda" jennaan "ifa" jedhe.
- Re'een kan tokkoo raafuun kan tokkoo, kis jennee kiisii dabalanne.
- Dureessi kennaf deegaa hudduun dhukkubdi.
- Yoo itti hubataniis ilaalan tafkiin ija qabdi.
- Kan haadhatti barte amaatiitti.
- Arge jettee hin foksin, dhagahe jettee hin odeessiin.
- Sangaan biyya ofiitti bookkisu, biyya ormaatti ni mar'ata.
- Kan tokko qabdu hirriiba hin qubdu.
- Cubbuun bishaanii harka buleen nama nyaachisa.
- Akkuma dur seeteet jaartiin qullaa lafaa kaate.
- Sagal ka'uu irra sagal waamuu wayya.
- Silaa dhufa hin ooluu kajeelaa dura waami.

- Ani badeen waan bade hin galchitu.
- Namatti himu malee, namatti hin hidhan.
- Namni akka fardaa nyaatu gaafa akka namaa nyaatu du'a.
- Okkoteen waaqa hin beekne, eelee bishaan kadhatti.
- "Nyaadhee sifixuu dadhabus, haadhee siballeessuu dadhabbaa" jette lukkuun.
- Gowwaan gingilchaatti bishaan waraaba.
- Dhiiraa jirtu dhiirummaa hin dhuunfatan.
- "Dhabaan hin galani" jette haati hattuu.
- Ameessi okolee dide okkotee hin didu.
- Dullachi waan garaa qabu alba'a.
- Iyyitee hin beektuu iyyinaan "Badaa, badaa" jette.
- Qalbii malee ijji hin argitu.
- Maqaan erbaniif haarawa hin taatu.
- Kan sangaan iyyuu male qacceen iyyiti.
- Waraabessi guyyaan yuuse beekkachiise.
- Dhamaatuun dhama raaftee weessootu na dide jetti.
- Suuta deeman suuta qoreen nama waraanti.
- Hammaataniis hammaaranis dhuma hin ooltu.
- "Numaaf haati hin bane" jedhe gowwaan haadha ajjeese.
- Osoo garaan addaan nama hin baasin, karaan addaan nama baasa.
- Namni ilkaan miidhagu, hidhii walitti hin qabatu.
- Namni bakka ciisu argate bakka itti diriirfatu barbaada.
- Re'een baala agarte qeerransa hin argitu.
- Harree hin qabnu, waraabessaanis wal hin dhabnu.
- Bara gaddaa mataa lafa godhu.
- Bara quufaa lukkuutu dhuufa.

- Kan nyaateefi kan kaate waa jalaa baha.
- Mucaan du'aaf dhalate wareegaan hin guddatu.
- Itti himne yoo dhageesee, itti kennine yoo olkeesee.
- Waan dhufu hin beekanii saree tana akaayii barsiisaa.
- Abbaan cabsaa ofitti hin xiqqeessu.
- Abbaan of hin argu; dhakaan of hin darbu.
- Billaachi ofiifuu hin qabduu dhagaatti uwwifiti.
- "Yaa anaa durii" jette cirrin fardarraa kuftee.
- Ayyaanni haftuu haadha warraa ajjeesa.
- Quufan malee hin utaalani utalan malee hin cabani.
- "Godaa mannaa godoo wayya" jette haftuun.
- Tika didaan dhiyaana dida.
- "Akka ganamaa seetee narra hin ejjetiin" jette sokoruun.
- "Moo yaa afaan" jedhe funyaan.
- Manni ija daha malee, gurra hindahu.
- Kadhatanii galanii weeddisaa hindaakan.
- Agabuu si bulchuuf ganamaan si beelessa.
- Bakka loon hin oolle dhoqqee hin argani.
- Cuunfaa baay'isuun dubbii gogsuudha.
- Duubaaan dulluma jettee jaartiin tokko ragadde.
- Irreen hin moyan, alagaan hin boonan.
- Eega kooraan dammaqe fardummaa maaltu jira, eega dubbii dadhabee.
- gamnummaa maaltu jiraa.
- Jooraa ooltus sareen waan hin jirre hin fuutu.
- Leemman bareeddeef marqaan hin mi'aawu.
- Karaafi dubbii odoo arganuu irraa goran.

- Leenca humnaan roorrisu, qamaleen malaan ajjeefte.
- Lukkuun biyya hin qabdu, bakka bultu hin dhabdu.
- Maraattuufi sooressi akka argetti haasawa.
- Mucaan " nyaanyaa" jedhe osoo hin nyaatiin hin hafu.
- Of-jajjuun loon lamaa, tikseen kuma lama.
- "Osoo wajjiin gallee hoolaa, walii qallee" jette jeedalli sareen.
- Ari'ii biyyaa baasii qabii itti hasaasi.
- Baran barruu koran.
- Bareedina gurraachaafi dubbii gamnaa nama bira gaheetu hubata.
- Abjuun bara beelaa buddeen, buddeen jetti.
- Tafkiin gaafa haxaawan, gowwaan gaafa gorsan itti abaasa.
- Namni namaaf qoricha.
- Marartoon du'a hin oolchu.
- "Aartu qotadhu" jedhe namichi saree biddeen dhoowwatee.
- Adeemsa karaa fagoo calqabni tarkaanfii tokko.
- "Ajjeechaarra sukkuummaan sodaadha" jette tafkin.
- "Ani hin hanbifannee, ati hin qalbifanne" jedhe namichi.
- "Dhabaaf malee fooniif nu uume" jette sareen.
- Ijaafii saree namarraa hin deebisan.
- Jaalala ishee hin beektuu dhungannaan boossi.
- Dhagaheef heerumtee, argeef deesse.
- Nama horii hin beekneef, lukkuun luka lamaa horiidha.
- Namni dhama'iif uumame abjuun dhagaa guura.
- Gowwaan isa darbe malee isa dhufu hin yaadu.
- Abshaalli ofii nyaatee, gowwaa afaan diba.
- Kan abdatanii mana ishee dhaqan akaayii nama afeerti.
- Hin bari'u seetee manatti hagde.

- Humna qarqa baasuufi soora ganna baasu abbaatu beeka.
- Kan abdatan irra kan argatantu caala.
- Barcuma ulfinaa abbaatu of jala baata.
- Jabbiin hootu hin mar'attu.
- Waraabessi biyya ofii nama haanyaatuu.
- Kan citaa hinqabneef kan citu baasti.
- Ijibbaata beelaa eelee sagal dhaabu.
- Hiyyeessa irraa liqeffachuu mannaa sooressa kadhachuu wayya.
- Nuugiin tumanii nyaatan, humna baattera hin jirtu.
- Nagaroon qoree baala bakkanniisaa, harsaamessatti saadiru.
- Maraattuun keessi fayyaadha.
- Citaa malee mana hin kabatan.
- Arbi lama yoo wallole kan miidhamu sambaleeta.
- Abbeen nyaataa buleef qabateen jala hinbulu.
- Alagaa ilkaan malee garaa isaa hinargani.
- Qunnii buqqisaniit, abaabilleetti darbu.
- Raafuun hanga okkoteen qabatu affeelan.
- Tafkiin utaaltus laga hin ceetu.
- Tokko namaatu nama dida, kan lammata abbaatu of dida.
- Suuraan gaariin abbaa fakkaata.
- “Takkuman kufee, suutan ka’a” jette jaartiin
- Qunxur mana fixxee cimmiif mana gattii, jedhan.
- Muka koruun nama hin dhibu, bu’utu nama dhiba.
- Surree namaa ergisani irra hin taal’inii hin jedhani.
- Ibiddi garaa foon hin waadu.
- Dubartiin fira hin qabne mana masaannutti baqatti.
- Hiriyya malee dhaqxee gaggessaa male galte.



- Hiyyeessi har'aa quufeen bulaatti duutee bulti.
- Boolli guyyaa argan halkan nama hin nyaatu.
- Hudduu abbaan dagate tusseen sagal ciniinti.
- Kan qalbii fi jaalalli ajjeese hin fayyu.
- Adeemsa abbaatu oftolchaa fuula waaqatu nama tolcha jedhe jaldeessi.
- Alagaan gaafa kolfaa firri gaafa golfaa.
- Malaaf malli jira mucaaf harmi jira.
- Adurreen riphatee hantuuta argachuu hin ooltu.
- Kan gabaan dhaga'e gowwaan galee niitii dhokse.
- Galgala maal nyaanne jennaan rafnee bulle jedhe jedhan.
- Akka haroon hin guunne akka raachi hin duune jedhan.
- Tikseen taakkuutti dhiistee dhumdhumatti kaati.
- Kan si tumetu na qoree.
- Namni gaafa hiyyolee qurri isaa duude osoo hiyyolee jeduu hafa.
- Warra afaan walii beekuu, harreetu balbala cufa.
- Kan sireen nama hin dadhabiin tafkiin nama dadhabdi .
- Yoo dheeraan tarkaanfii malu, gabaabaan hulluqaa malata.
- Maqaan baatu fi karaan baatee hin deebitu.
- Saree adeemtuu dill'uu goromsaatu darba.
- Mi'a wal fakkaatu walbiratti fannisu.
- Hantuunni farroofte qara eeboo arraabdi.
- Lubbuun abbaan gate lama hin bultu.
- Harki tokko ni dhiqa malee,hin qulqulleessu.
- Maal baasuuf dhama raasu.
- Wacitii abbaan cabsee kaa'e, kan dhiqee kaa'e itti kakata.
- Raafuu fixee rafuu dide.

- Keessa keessa adurreen bineensa.
- Osoo horiin hin galin hattuun mooraa guutte.
- Fuulli fi nyaanni dhoksaa hinqabu.
- Ilmoo bineensaa foontu gara bosonaa heda.
- Kan akka walii loon walitti yaafatti.
- Kan ilkaan ofii dhalchu, kormi hin dhalchu.
- Wanta odeessanii fi wanta bobeesan hin dhaban.
- Dhabaaf malee cirriin cooma kajeelti.
- Garaa laafinatti, alaltuun bishaaniin nyaatamte.
- Roobiin garbaa baatee, fiixeensa arraabdi.
- Salphoo soqolatte, soqolaa gargaaru.
- Salphinni abbaa lafaa bara midhaan bade.
- Galaanni bakka bultii hin qabne, gudeelcha guuree deema.
- Qarri qara hin muru.
- Tafkiin lafatti walnyaatti, namarratti wal baatti.
- Kan mana qabu mala hin dhabu.
- Firri wallola malee gaafa rakkoo wal irratti hin ilaalu.
- Bishaan darbe hin waraaban.
- Daakaniif hin marqan, dharra'aniif hin argatan.
- Madaan qubaa abbaa guba.
- Sanyiin waan facaasan magarti.
- Ofii nyaatan ormaa laatan.
- Gaddeemtuun namaa harree ribbii hormaata fuuti.
- Beekte beekte jennaan niitiin qeesii kitaaba miiccite
- Waan qabaniin gabaa bahu.
- Maanguddoo fi eeboo dura hin dhaabbatan.
- Na argaa na argaan na dhoksaa fida.

- Haatii fi gabaan waan namaa kennitu hin beekan.
- Jaartii soba raftu, qaqawweessi hin dammaqsu.
- Kan dulloome jaarsa, kan du'u dargaggeessa.
- Gurri dabarsaan ollaa walitti naqa.
- "Yaa saree ciini akkami" jennaan "isa quufe hin kadhatu, isa beela'e immoo ni dhowwatu" jette.
- Duuni biyya wajjinii, hirriiba jette jaartiin.
- Ifaan sooratan dukkana daakkatu.
- Waan gaarii seetee mimmixa dhuka ykn bobaa jala kaawwatte.
- Jarjaraan re'ee hin horu.
- Gowwaa al tokko arrabsi, innuu lammata of arrabsa.
- Ijoolleen nyaataaf waaman ergaa seetee diddi.
- Kan mootu dhaani jennaan dhirsi galee niitii dhaane.
- Sinbira lubbuuuf kaattu ijoolleen tapha seeti.
- Kan waraane ni dagata; kan waraaname ni yaadata.
- Keessummaan keessa namaa hin beekne gaaffii dheeressiti.
- Lama na hin suufan jette jaartiin qallubbii hattee.
- Humnaan nyaataniif, humna hin ta'u.
- Muka jigetti qottootu baay'ata.
- Arrabakoo yaa laxxisaa, situ faallee na hanqisa.
- Of hubde yaa dhakaraa kan harkaan mukatti of buufte.
- Osoo hin hubatiin harka hin gubatiin.
- Irra turuun farda uruudha.
- Takkaa diimanne jette nuugiin.
- Namni namatti jennaan, erbeen saawwanitti jette.
- Bakka arfaasaa dhaabbatan, birraa dhaabbatu.
- Kan barri namatti fide, hiriyaan namatti qoosti.

- Kan bonni ajjeese,ganni maqaa fuudha.
- Harkaan kennanii, miilaan barbaada deemu.
- Barri ni darba, taajjabni ni tura.
- Kan humna qabu reebce(dhaanetu) booyicha nama dhowwa.
- Kan qunnaan galata hin ta'iin daa'ullaan galata hin ta'u.
- Aadaa fi aduu ni dhokatan malee hin badani.
- Bishaan yoo nama nyaatu nama kofalchiseeti.
- Caama ganamaa kan beekuutu ho'ifata.
- Dololloon nama hin fudhatuu laga guddaa nama geessi.
- Biyyaa bahaan malee biyya hin yaadan.
- Dhalee lakkaawu dhadhabee jettee kurupheen tokko dhaltee.
- Dheeratteef leemmanni gudelchaa hin taatuu.
- Holqaa seenani dukkana hin sodaatan.
- Hora bu'anii dhoqqee hin lagatan
- Of jajjuu hantuutaa eegeen lafa hin gahuu.
- Hamii fi eegeen abbaa duubaa oolti.
- Deemaa oltu barattu malee barumsaa hin argattu.
- Gabaabbatu iyyuu abbuma warraatu diinqa taa'a.
- Ibiida rafe huubni achuu kajeela.
- Kan garaa malee kan maqaa yoom na dhibbe jedhe waraabessi.
- Buddenni nama quubsu eeleeerratti beekama.
- Re'een kan ofii hin beektu sareedhan eegee gad qabadhu jetti.
- Waraabessa darbee sareen dutte.
- Osoo hin hubatin hin dubbattin.
- Harree ganama bade galgala kurkuriin hin argu.
- Roobuus caamus ijii misiraa lama.
- Bakka oolan irraa bakka bulantu caala.

- Akka qottiyyoon gooba jettee raachi dhootee duute
- Hiriyyaan garaa walii hin beekne guyyaa hunda kakuudha.
- Abjuu sodaatanif hirriiba hin dhiisani.
- Kan garaan yaade miilii ganamfata.
- Miximixaa harkaan dhaabani gubaa himatu.
- Namni yaraan imaanaa gatee lafti yaraan sanyii nyaattee.
- Olkaa'an malee ol ka'anii hin fuudhani.
- Harreen hidhaa kutte jennaan ofittuu gabaabsite jedhe.
- Quncean wal gargaartee arba hiiti.
- Adurreen kan bakka loon oolan hin beekne galgala aannan dhugdi.
- Midhaan warra gowwaa bonaa ganna nyaatu.
- Abbatu of mara jedhe boofni.
- Abbaan mana jiraa gurri ala jira.
- Adda nyaataniif hin gabbatani.
- Ijji gamnaa dura boossi.
- Tanaa warri rafnaan jette sareen.
- Harree hin qabdu farda namaa tuffatti.
- Jiruu fi soddaa hin tuffatani.
- Ijji badduus bakki ijaa hin baddu.
- Harki hanna bare dooluuttuu socho'a.
- Dubbii barbaada sareen gabaa baati.
- Gorsa diddu du'a hin diddu.
- Muka beekan qoricha hin se' an.
- Heexoo galataaf oso hin taane qorichaaf dhugan.
- Ilmii fi biqilli guyyaa malee hin dhalatu.
- Kan dhaabbattee si hin agarre, teessee si hin argani.
- Abbaan loonii dhoqqee hin xireeffatu.

- Tiruun bulte lafee taati.
- Cubbuu sodaachuun booruuf.
- Dallaan abbaa kudhanii yeroon hin cufamtu.
- Daangaan jaalalaa afaanii baasanii walii laachuudha.
- Deeganiif hin du'an.
- Deegarra ulfaatti jedhee namtichi ashaboo mataatti baate.
- Duutiifi dullumni hin hafan.
- Eeboo darbatani jinfuu hin qabatani.
- Fardi biraan nama gaha malee hin waraanu.
- Fiigee fiigee kormi sangaa ta'a.
- Fooliin gaariin kannisa harkisa.
- Foon lafa jiru allaattii lafa irratti wallolti.
- Abbaanuu hin gallee, fardaaf booyyanni.
- Adda baane jedhe namtichi furrii fudhatee.
- Lagaatu walitti yaa'a malee garaan walittii hin yaa'u.
- Gadheen niitii, dhiirsa hamatti.
- Yoon ani du'e araddaan hin margin jette harreen.
- Ofiifu duutii maaf of huuti.
- Foontu fooniif rifata.
- Naatu beekaan beekkumsa hin taatu.
- Akka kufanii hin cabani.
- Bittaa wallaalanii gabaa komatu.
- Fardi badaan farda balleessa.
- Harmaatu lama malee aannan tokkichuma.
- Badiin saree gaafa duute.
- Guddatee guddatus gurri mataa hin dabartu.
- Akka beekan bulan.

- Lukuun abbaanis qabu, bineensis qabu iyya hin dhiistu.
- Tunis dhukkuba taateef tessuma nama dhowitii jedhe namichi dhullaan qabde.
- Yoo akka nyaattu homaa hin taatu yoo akka aadduu barana him baatu.
- Saroonni walnyaatti kan ishii nyaatu hin argan.
- Namni Jireenya isaati fakkaata.
- Hamma fedhe guddatan, gosa ofii hindarban.
- Nama guddisuun of guddisuudha; nama xiqqeessuun of xiqqeessuudha.
- Jaarsi du'aa adeemu si hin abaariin, bishaan gu'a gahe si hin nyaatiin.
- Kabaja balbalaaf hindaaqqoon gadi jette.
- Mana balbala malee hin seenan, utubaa bakka malee hin dhaaban.
- Muka jalaa ol Koran malee, gubbaa gadi hin koran.
- Waraabessi waa nyaatu tokkuma kan maqaan badu hunduma.
- Aannan banaa dhiisanii hattuu namaan jedhan jette adurreen.
- Bakka sareen jirutti, namatu dhuufee hin gaafatan.
- Kijibni nama oolcha malee, nama hin bulchu.
- Karaan sobaan darban, gala nama dhiba.
- Foon naaf kenneet, albee na dhorkate.
- Adurreen garaa muratte, leencaan qixa nama sodaachifti.
- Garaa murtii murate, bishaan raafuutu gabbisa.
- Garaan murtii hin qabne, diina abbaati.
- Namni namumaa, ija nyaadhu" jette allaattiin.
- Gara jabeessa heexoon hin albaasu.
- Qeerransa eegee hin qaban, qaban gadi hin dhisn.
- Ijji dhugaan boosse, imimmaan hin dhabdu.

- Mari’ataan gowwaa hin qabu.
- Maraatanii biyya hin bulchaan, mari’atanii malee.
- Maqaa ni bitan malee, hin gurguran.
- Maqaa hanna, abbaatu ofirraa eega.
- Hirriibni baay’een duumessa hiyyummaati.
- Bishaan lagaa dhume jennaan boosettiin ilil jette.
- Qoree dur dirteef hiyyessi okkola.
- Adaamiin olla agamsaa, imimmaan hin qoorfattu.
- “Sangaa ofiinuu alba’u eegee qabdee raafaa?” jedhe manguddoon oromoo.
- Dubbiin rabbi suuta.
- Namni kadhachuu hin dhiisu, rabbi waan murtee hin dihiisu.
- Bakka rabbi itti nama hidhe, funyoo malee ijaajju.
- Manni waaqni ijaare hin jigu.
- Bagan kufe, bagaan ka’e, kan naqabuu fi kan na dhaabu addaan baafadhe jedhe namtichi.
- Kan offii buletu nama bulcha.
- Dheebotan malee, mi’aa bishaani hin beekan.
- Gubatee hin agarree, abiddatti gamti.
- Boora’u malee hin taliilu.
- Oduun soora (nyaata) gurraati.
- Waan biyyaa bilbilli iyya.
- Quuqaa cinaacha jalaa abbaatu beeka.
- Namni mataa isaatii hin tolle, namaaf hin tolu.
- Bakka hin rafnetti hin muugan.
- Namni ija takkaa biyyeen hin taphatu.
- Garaa nagaa qabu sukkuumuun, dhukkuba itti fiduudha.



- Ejersa halaalaarra qobboo qe'ee wayya.
- Obsaan aannan goromsaa dhuga.
- Fira dura bahan malee, fafa duraa hin bahan.
- Bara bofti nama nyaate lootuun nama kajeelti.
- Bareedde jedhanii obboletti hin fuudhani.
- Ija laaftuun dubaraa obbolessa irraa ulfoofti.
- Malannee bolla lama qotanne jette hantuunni.
- Wallaalaan bishaan keessa dhaabatee dheebota.
- "Yoo waraabessararaa hafte keenya" jette sareen, harreedhan.
- Yaadni hamaan nama huqqisa.
- Fuula ilaali na elmadhu jette harkuun.
- Kan leenci naasise hindaaqoo baqata.
- Afaan qabachuun hunda to'achu.
- Obbolessi kan walin dhalatan qofa miti.
- Hunda dubbatan garaan duwwaa hafa.
- Eelan eelee dhaabbatan.
- Afaan gaarin afaa gaari caala.
- Kan ilkaan hin qabne akaawwii hawwatti.
- Firri dhufe jadhanii dhabaa hin dhalanii.
- Gowwaan bakka rafe hunda mana se'a.
- Waan warri waarii jedhu ijoollleen waaree jetti.
- Nyaataa fi lola abbaatu tolfata.
- Ilmoon huntuutaa gumbii uraa haadha jalatti barti.
- Sossobbiin madaa hin foyyessu.
- Harree fi gadadoon nama irraa hin gortu.
- Nama jechi hin madessine waraanniyyuu hin madessu.
- Namaan garaan ga'atti garaan lafa nama ga'a.

- Dubbiin baay’atetti harretti hin fe’ani.
- Harka abbaa biraan ibidda qabun nama hin dhibu.
- Waaqni duumessaa’e roobuu hin oolu.
- Kan qaban qabaa hin guunne gadhiisan bakkee guutti.
- Kan dhiqantu nama dhiqa jatte wacitiin.
- Namni mana tokko ijaaru citaa wal hinsaamu.
- Mana waraaabessaatti foon liqii hin dhaqan.
- Ariifataan hori gata.
- Hindaaqqoon haate haatee albee ittin qalamtu baasti.
- Namni akkaataa fardaa beeku ulee fardaa hin bobessu.
- Abbaa dhokseetu akaakayyuu himata.
- Yoo baay’ate dammis ni hadhaawa.
- Warra walnyaatu jidduudhaa waa nyaatu.
- Harki waaqni namaan qabe xurii hin qabu.
- Ukkaamamee raafamnaa aannanu qabee cabsa.
- Tuullamanii taa’anii waaqa ofii hin komatan.
- Sirbaaf dhufanii morma hin qusatan.
- Ofii jettu miyaa’i yookaan dhagaa jadhanii sigatu jedhe soogiddaan.
- "Iyyan malee hin dhalchani?" Jedhe kormaan hoolaa korbessa re’en.
- Alagaa fi dukkanatti ija hin babaasan.
- Sanyiin buqqee miiciraantu hadhaa’a.
- Yaa cubbuu “essa dhaqxa” jannaan “bakka itti na ergan” jatte.
- Sa’aa eegee hin qabne cirriin hin sodaattu.
- Bobbaa yoo tolan gala tolan.
- Du’arraan baqadhatti mana du’aa seente.

- Karkin ofii madaa'ullee, muranii hin darban.
- Mana ormaa bareedaarra, godoo ofii wayya.
- Hoolaan abbaa gaarii qabu, dubboo ala bulcha.
- Jibichi essatti eeganii jabbii kessa oola.
- Hagam ol fagaattus allaattii reeffi lafa.
- Bara humna qaban sagaliin lolu, bara humna hin qabne sagalee tolu.
- Yoo rakkatan fala barbaadan.
- Bakakkaan akkanaanu natti gamu muka jala na geessite.
- Osoo akka yaada namaa tulluun diriiraa ta'a.
- Adala goowoomsuun suuta suutani.
- Addaatef ilkaan alanfachuu hin dhiisu.
- Ablee qara lamaa beekaatu itti fayyadama.
- Bakkuma dhaqqabani kan hoqqatan.
- Bakka itti citanitti citaa haammatan.
- Goowwaa mannaa budaa wayyaa.
- Goowwaa wajjiin dhalachuu mannaa dhaloota ooluu wayyaa.
- SHinbirroon laga laga Afaan Afaan dubbattii.
- Arrumaan samii bahaan waa taatu.
- Ni qallatti malee hin cittu dhugaan.
- Diddu diddi malee saree Ija kuulan.
- wajjiin dhaloota malee dhalaan diina gurraachaa.
- Wahi beeyta jannaan jaartiin sheekaa kitaaba dhiyyxee.
- Foonii garaan nudadhabe
- Afaan Ajaa wajjiin yaa'uu dadhabnee ja'e ja'an waraabessi.
- . Anuma xuuxxa malee xuuxxee waa nan xuruursituu.
- Qooda qocaa kaa'e Allaattiin hin fuunee.

- Akka Abaluuttin sirbaan morma nama jallistii.
- Baraa fi furguggee gad ja'anii dabarsanii.
- Sirnaan yoo Ejjatan seera uumaa Eeggatanii ja'an.
- Walii galan Alaa galan ja'e jaarsi oromoo dhaddacha jala taahee..
- Wal qixxeen wal fixxee.
- Ilkeen tan wal qixaatu ciniinnaa tolchaa.
- Sagaliin Akaafee diddeet diddiimattii. ~
- Akka cabanitti Okkolanii. ~
- Suuta Ejjatan suuta qoreen nama waraanti..
- Hamma Namaa hin Geessuu Cabsa namaa hin teessu!
- Afaan Hamii Bare Utubaatti hasaasa !
- Namichi Guyyaa Bofa arge halkan Gaaddidduu isaa dheesse!
- Waan Dabruuf maqaa hin dabarre hin fuudhan !
- Hin barihu Seetee Gorduubatti hadde !
- Anatu Caalaan Ciinciraa haaduu afaan buute !
- Gubatee hin beektuu ibiddatti gamti !
- Laftis bahii jette jaartiin faeda irraa kuftee !
- Jaartiin Bara Buttaa Duudde hoo Luboo Jechaa hafti !
- Akka Durii fi Harka xuriitti hin hafan !
- Ani hoo duruu gubattuu dha jette beddeen mana keessa gubatee !
- Keessa namaa hin beektuu keessa qabatee namaa kenniti !
- Sangaan bara qote hedata !
- Waan uffattu hin qabduu aguuggatee haddi !
- Karaan Sobaan dabran galatti nama dhiba!
- Hantuuti haadha jalatti gumbii uraa barti !
- Namni dhukkubsataa manaa qabu du'a gahii namaa hin oolu !
- Hojiin Waaqayyoo fi kolfi saree hin beekamu !
- Haadhaa fi adurree hin dhaanan !
- Warri guddaan adurree wasaasaa baata !
- Adurreen keessi bineensa !

- Maraattuu keessi gamna !
- Waaqayyo beekke bofa miila dhowwate !
- Waan Waaqni qocaaf kaa'e illeettiin hin fudhattu!
- Foon lafa jiru allaattiin muka irraa wal lolti !
- Waraabessii biyya namni isa hin beekne dhaqee itillee naa hafa jedhe !
- Manni of – jajjuu karaa dura
- Bor hin bekneen qoda- bukeen ishee lama!
- Kan of jaju hin dogoggoru !
- Haati mimmixaa kanuma kootu guba jetti !
- Ija jabeessa irraa sirbi hin fokkisu !
- Duulli amma oduu hin gahu !
- Iyyaniif dhalcha hin ta'u jedhe korbeessi hoolaa korbeessa re'eetiin !
- Mana aanu malee mana aaru bira hin dabran !
- Ollaa fi Waaqatti gadi bahu !
- Ollaan bultee beeka akka itti bule abbaatu beeka !
- Itti qabataaf cidhi ollaa jira !
- Garbittii lubbuuf fiigdu ollaan qophe dha jedha !
- Garbittiin gargaarsa argatte majii dhoksiti jedhan!